Jaalatamoo warraa/kunuunsotaa,

Akkuma tarii quba qabdan, osoo Yeroon Barsiisa Barmootaa 1fa (Term 1) kan 2022 hin eegalin dura hojjetootni mana barmootaa talaallii naqa lameen (double dose) diratuu qaban.

Mootummaan Godinaa (State Government) Barmoota Hojjetootaa (Qoqqobbii Uggurrii irratti) Kallattii (Lk. 4) (Education Worker (Restrictions on Access) Directions (No. 4), kan wa.gov.au irratti maxxansame labsee jira. Kallattiin (Directions) kun keessummoota mooraa mana barmootaa seenan barbaachisummaa talaallii kan dabaluu dha.

Bartootni talaalamuun **hin barbaachisu**.

Warri/guddiseen talaalamuun **hin barbaachisu** yeroo:

- Ijoollee isaanii mana barmootaa yeroo buusanii fi fuudhan;
- Yeroo mana barmootaa akka gargaarsaatti tola-oltummaa hojjetan;
- Yeroo qophii mana barmootaa irratti hirmaatan yookaan gaaffii fi deebii barsiisaa waliin qaban; yookaan yeroo sa'aa mana barmootaa keessaa ala yeroo mooraa mana barmootaa seenan.

'Gargaarsa yeroof' ('Ad hoc basis') jechuun mana barmootaa bakka takka caalaa deemuu dhiisuu fi torbanitti guyyaa takka kan hin caalle tahuu qaba.

Warri/guddiseen raga talaallii isaanii dhiheessuu isaan barbaachisa (1 Amajjii 2022 irraa eegalee talaallii naqa takka (single dose) fudhatuu fi 31 Amajjii 2022 irraa eegalee talaallii naqa dachaa diratuu) yookaan kan seerri akka hin diranne dhiifama taasiseef yoo tahe yeroo:

- Torbanitti guyyaa tokko caalaa hojii tola-ooltummaa mana barmootaaf taasisan (kunis hojii tola-ooltummaa mana nyaataa, mana uffata mana barmootaa (uniform store) yookaan sagantaa dubbisaa fi herregaa kutaa mana barmootaa keessaa kan hirmaatan yoo tahe);
- Osoo maallaqni hin kaffalaminiif torbanitti guyyaa tokko caalaa kan mana barmootichaatii dalagan yoo gahe; yookaan
- Sagantaa seeraan beekame kan warri hordofuun barbaachisu (kan akka KindiLink) yoo tahe.

Kanneen itti aanan kun ragaalee talaallii COVID-19 seeraan fudhatama qaban yookaan kan seerri akka hin daballe ajaje (exemption) dha:

- Talaallii COVID-19 fudhatuu kan dhugoomsu ragaa Damee Fayyaa (Department of Health); dhaan kenname;
- Waraqan ragaa COVID-19 toora interneetaa (COVID-19 digital certificate), kan talaallii COVID-19 kee qofa agarsiisu. Tajaajilli Australia (Services Australia) akkaataa itti waraqaa ragaa COVID-19 toora interneetaa argattu (get your COVID-19 digital certificate) irratti odeeffannoo ni qaba;
- Ibsa seenaa talaalannaa kee talaallii ati diratte hunda kan ibsu. STajaajilli Australia (Services Australia) akka itti ibsa seenaa talaallii kee argattu irratti odeeffannoo ni qaba.

- Waraqaan raga Talaallii COVID-19 Idil-Addunyaa Mootummaa Commonwealth (Commonwealth Government) dhaan qopheesama. Kunis Galmeesa Talaalannaa Australia (Australian Immunisation Register) irratti galmee talaallii COVID-19 mul'isa.
- Akka hin talaalanne kan seerri hayyameef Galmeessa Talaalannaa Australia (Australian Immunisation Register) irratti ibsama; yookaan
- Hayyamni dhiifamaa kan yeroo Qondaala Ol-aanaa Fayyaa WA (WA Chief Health Officer) dhaan kennama.

Manni barmootaa keenya COVID-19 irraa nagaa akka tahu ni cichina. Nageenya bartootaa, hojjetootaa fi hawaasa keenyaa eeguuf jecha kallattii ifaa tahe kennaa turre. Yoo gaaffi qabaatte 9461 2700 kanaan nu qunnami.

Parents/carers are to wear a mask while in buildings.

Gargaarsakeetiif galatoomi.